## 5-309 Filannoo To'annoo - Rasaasawwan Annisaan Gaggeeffaman (CEWs)

(xx/xx/23)
Fooyya’iinsa imaammata kanaan duraa irratti: (08/17/07) (10/01/10) (07/16/12) (10/07/13) (09/08/20) (12/22/20) (04/04/21) (01/01/23)

### I. Kaayyoo

Kaayyoon imaammata kanaa imaammata humnaa biroo, addatti rasaasawwan annisaan geggeeffamu (CEWs), ulaagaalee barbaachisan babal’isuudha.

### II. Hiikawwan

**Hojiitti hiikuu:** CEW hojiitti hiikuu jechuun meeshaa ‘Arc switch’, ykn ‘trigger’ erga siriingaan sakattaa (probes) keessaa fuudhamee booda, karaa marfata ykn CO geengoo sanaa humna elektirikii maddisiisuudhaaf itti fayyadamuu jechuudha. To’atamaa tokko irratti hojiitti hiikuu jechuun jechuun tuqiinsa/ walitti bu’iinsa ‘arc switch’ of wallaalchisu ykn hojiirra oolmaa gara of wallaalchisuutti geessu keessatti gadi lakkisuun ykn ‘arc switch’ ykn ‘trigger’ erga wanta sana keessaa siriingaa sakattaa baasanii booda hojiitti hiikuu jechuudha.

**Hojiirra oolchuu:** Yeroo CEWn hojiirra oolmaa tuqa/qunnamtii ofwallaalchisuuf ykn itti dhiibuu/of wallaalchisuuf (CEW’dhaan to’atamaa waliin qunnamtii jiru kan haammate) itti fayyadamuudha.

**Adoochaa itti Dhiibuu (Drive-Stun):** Yeroo CEWn humnaan qaama to’atamaatti dhiibamu utuu qalayaan keessaa hin fuudhamin ‘arc switch’ hojiitti hiikuu ykn ‘trigger’ ol harkisuu jechuudha.

**Haala meeshaa Sakatta’iinsaa (Probe Mode):** Yeroo CEWn meeshaa sakatta’iinsaa (meeshaa akka rasaasaas ni jedhama (darts)) sana akka hojjechuu danda’utti gara keessa seensisuu.

**Laser Painting:** Meeshaa dhuka’u keessaa rasaasa baasuudhaan CEW gara nama sanaatti qiyyaafachuun(qabuun) meeshaa dhuka’u sana(laser aiming device) akka inni hojjetu taasisuu. Tuqaa duiimaas (red dotting) hin jedhama.

**Adoochaa Tuqsiisuu/Itti gochuu (Touch/Contact Stun):** Haalli adoochaa tuqsiisuu/itti gochuu yeroo elektiroodiin CEW qaama nama sanaatti qabatee, harrabni meeshaa dhuka’u sanaa akka hojjetu taasifamee garuu rasaasni keessaa hin baanedha. CEWn nama sana tuquun isaa humni elektirikii(ibsaa) nama sana akka dhukkubsu garuu miidhaa hamaaf akka hin saaxille taasisa.

**Aarkii Akeekkachiisaa (Warning Arc):** Gadi itti dhiisuu ykn waan adoochu gargaaramuu ykn adoochaa tuqsiisuu/itti maxxansuu dura CEW keessaa rasaasa baasuun aarkii (arc) akka hojjetu taasisuudhaan kaayyoo sodaachisuutiif itti fayyadamuu. Meeshaan akeekkachiisaa meeshaa itti gadi dhiifamu nama tokko irratti utuu hin gargaaramin tooftaan rakkoon akka hin baballanneef itti dhimma ba'amudha.

**Jechoota P&P 5-304 keessatti hiikaman:**

- Baachuu
- Qaqqabsiisuu
- Baasuu
- Agarsiisa
- Nama tokko irratti bobba'uu
- Qabxii
- Fayyadamuu

## III. Himaammata

### A. Himaammataafi Heerota Qajeelfamaa

Ibsoota himaammata kana keessa jiranitti dabalatee, hojjettoonni ulaagaalee himaammata hojiirra oolan biroo hunda hordofuu qabu. Heerawwan Qajeelfamaafi istaandaardii biroo P&P 5-301 kan dabalatu garuu isa qofaarratti kan hin daangeffamne.

### B. CEW akka Humna Miidhaa salphaa Uumuutti

Rasaasawwan annisaan geggeeffaman (CEW) Akka MPD mirkaneessetti rasaasawwan dhiibbaa qaban(P&P 3-200) walumaa gala akka humna miidhaa salphaa uumaniitti ilaalamu, haa ta'u malee haala tokko tokko keessatti kan ajjeesan ta'uu danda'u.

### C. CEWs muummeedhaan kennamu

CEWs dhuunfaadhaan qabaachuun, ykn kanneen ejensiin biraatiin kennaman, yeroo qondaalli MPD tokko angoo MPD ofiisaatiin hojjechaa jirutti baachuun ykn itti fayyadamuun hin hayyamamu.

### D. Leenjiifi Waraqaa Ragaa Barbaachisu

Qondaaltonni MPD CEW fudhachuu, baachuu fi itti fayyadamuu kan danda'an yoo leenjii waggaa CEW irratti mirkanaa'e, qaama qorannoo dabalatee, milkaa'inaan xumuraniifi yeroo ammaa waraqaa ragaa qabaatan qofa.

### E. Himaammataafi Leenjii waliin kan Walqabat

Qondaaltonni CEW haala loogii hin qabneen qofa fayyadamuu qabu, akkasumas humni akkasii kaayyoodhaan sababa qabeessa ta'eefi leenjii MPD amma jiruufi imaammata MPD

itti fayyadama humnaa bulchu wajjin kan walsimu yoo ta'e qofa (kutaalee P&P 5-300 keessatti argaman hunda dabalatee.

**F. Haala Fayyadamaa**

1. Nama baqachuuf yaalii hin taasifn

   Qondaaltonni nama baqachuuf yaalii **hin** taasfine irratti kan CEW fayyadaman yeroo:

   a. Hidhuudhaaf ykn to'achuuf shakkiin sababa qabeessa ta'e jiraate.

      akkasumas

   b. Humni akkasii qondaala, nama dhimmi ilaallatu ykn qaama biraa miidhaa qaamaa kaayyoodhaan qaqqabuuf yaaddoo ta'u irraa eeguun barbaachisu.

2. Nama baqachuuf yaalii taasisu

   a. Qondaaltoti nama miliqaa jiru tokko irratti kan isaan CEW hojiirra oolchan::

      i. Qondaallichi namni sun kanneen armaan gadii keessaa tokko raawwateera jedhee yoo amanedha:

         - Miidhaa quunnamtii saalaa rasaasni hamaa ta'e ykn doorsifni kan fayyadamame.
         - Ajjeechaa.
         - Miidhaa digirii 1ffaafi 2ffaa.
         - Saamicha sadarkaa olaanaa.
         - Butuu
         - Meeshaa waraanaa- yakka cimaa qawwee dhukaasuun, qawwee akeekuu Seera MN keewwata 609.66 Meeshaa waraanaa hamaa yoo cabse.

         ykn

      ii. Humni akka kanaa qondaala, nama sana, ykn qaama biraa waanta naannoo sanaa miidhaa qaamaa yaaddoo uumu qolachuuf itti fayyadamuun barbaachisaa ta'etti.

   b. Miliquuf yaaluun qofti tasuma sababa CEW fayyadamuu ta'uu hin qabu.

3. Sabab Namootaa

   Qondaaltonni yaaddoo miidhaa balaa hammaataa uumamuu danda'uufi duubdeebii hawaasni hammeenya itti fayyadama CEW namoota murtaa'an irratti hojiirra oolchuuf kennuu ilaaluu qabu

DRAFT

a. Qondaaltonni CEW fayyadamuu **hin qaban,** yoo filannoo humna ajjeechaa filachuu qaba ta'e malee, yeroo qondaaltonni sababa qaban namni sun akka armaan gadii akka ta'e beekan:

- Nama dhukkuba onnee qabu, nama dhahata onneef meeshaa fayyadamu ykn nama rakkoo fayyaa keessa jiru dabalatee.
- Ulfa.
- Buleeyyii.
- Oladeemtota umurii 12 gadii.
- Nama dadhabaa, ykn nama qaamnisaa huuqqataa ta'e ykn ulfaatina qaamaa xiqqoo (kana jechuun., lafee qomaa haphii qabaachuu).

b. Qondaaltonni yeroo CEW hojiitti hiikan sababa walsimuun olka'eef ibsuu danda'uu qabu:

- Oladeemaa waggaa 12 ykn isaa ol.
- Nama bakka olka'aa irra jiru (P&P 7-809).

4. Haalota Sababoota ta'an

Haalawwan hojiitti hiikuun miidhaa qaamaa hamaa geessisuu akka danda'u sababa qabeessa ta'e keessatti qondaaltonni CEWS hojiitti hiikuu hin qaban, yoo humna ajjeechaa fayyadamuun hayyamame malee. Haalli akkasii kanneen kan dabalatu garuu isaan qofaarratti kan hin daangofne:

- Nama liiftiirra jiru, kufaatii hamaaf saaxilamuuf yaaddoo kan qabu.
- Nama konkolaataa ykn maashiniirra hojjechaa jiru.
- Nama sun duraanuu harka hidhamee to'atamee yoo jiraate, yoo ofii isaa irrattis ta'e namoota biroo irratti miidhaa qaamaa hamaa akka hin geessisneef sodaatame akkasumas yaaliin to'annoo xiqqaan bu'aa kan hin argamsiifne ta'e malee.
- Namni tokko balaa liqimfamuu (bishaaniin nyaatamuu) keessa kan jiru yoo ta'e.
- Naannoo urkiifi dhangala'oonni gubatan ykn wantootni gubachuu danda'an biroo jiran keessatti.
- Nama 'MK-9 Pepper Fogger' ykn keemikaala kana fakkaatu kan nama rifachiisu ykn meeshaa abidda qabsiisu kan akka beenzilaa ykn biifama nama gubu kan alkoolii irratti hundaa'eef saaxilame irratti.
- Haalota walfakkaataa balaa miidhaan cimaan ykn du'a nama tokko irratti geessisuun isaa olka'aa ta'e keessatti.

## G. CEW fayyadamuu

1. Akeekkachiisawwan

Qondaaltonni, yoo kana gochuun hin danda'amu ta'e malee, akeekkachiisa afaaniin ni kennu ykn qabatamaan gadhiifamuu isaanii dura CEW gadhiisuuf akka yaadan ni beeksisu. Fayyadamni CEWs' agarsiiftuu leeserii (tuqaa diimaa) ykn aarkingii CEW

DRAFT

haala qabatamaa CEW gadi lakkifamuu isaa dura babal'isuu irratti bu'a qabeessa ta'uu danda'a.

2. Marsaalee

   Hojjettoonni CEW nama tokko irratti yeroo hojiirra oolchan marsaa istaandaardii tokkoof (marsaan istaandaardii sekondii shan) hojiitti hiikuu qabu, sana booda marsaan itti aanu barbaachisaa ta'uu isaa murteessuuf haala jiru madaaluuf xiqqoo dhaabachuu qabu.

   a. Iyyanni dabalataa kamiyyuu kaayyoodhaan sababa qabeessa ta'uu isaa murteessuu keessatti, qondaaltonni namni sun marsaa biraa iyyachuu isaa dura dandeettii raawwachuu qabaachuufi akka raawwatu carraan madaalawaa ta'e kennameefii jiraachuu isaa ilaaluu qabu.

   b. Marsaan itti aanu barbaachisaa yoo ta'e, qondaalli lakkoofsaafi turtii haala jiruun nama dhimmicha to'achuuf ykn to'annaa jala oolchuuf hamma xiqqaa barbaachisu qofa irratti daangeessuu qabu.

   c. Qondaaltonni marsaa CEW tokkoon tokkoon booda barbaachisummaa hojiitti hiikuu dabalataa yeroo hunda irra deebi'anii madaaluu qabu, akkasumas sekondii 15 ol CEW dachaa fayyadamuuf saaxilamuun balaa miidhaa cimaa ykn du'a dabaluu akka danda'u ilaaluu qabu.

   d. Qondaaltonni taatee tokkorrati marsaa sadii ol ykn waliigala sekondii 15 CEW nama tokko irratti raawwachuu hin qaban yoo: humni ajjeechaa hayyamame, akkasumas filannoo humna ajjeechaa hin taane kan biraa hin danda'amne ta'e malee.

   e. Amala nama tokkoo irratti jijjiiramni jiraachuu dhabuun yeroo baay'ee sarkiyuutiin elektirikii akka hin xumuramne ykn kan addaan citee akka jiru kan agarsiisu ta'uu isaa qondaaltotni beekuu qabu. Yoo barbaachisummaan marsaa biraa istaandaardii armaan olitti ibsame irratti hundaa'e, qondaalli marsaa bu'a qabeessa hin taane itti fufiinsa qabu hojiitti hiikuu irra hatattamaan kaartuujjii biraa gadi lakkisuu ykn gara filannoo to'annoo birootti ce'uu qabu.

3. Yeroo tokkotti qondaala tokko

   Yeroo tokkotti qondaala tokko qoftu itti yaadee CEW nama tokko irratti hojiitti hiika.

4. Haala adoochaa itti Dhiibuu

   a. CEWn akka waliigalaatti haala sakattaa keessatti kan hojiirra ooluu qaba. Qondaaltonni CEW haala adoochaa itti dhiibuu keessatti qofa ittisaaf jecha itti fayyadamuu qabu, kan akka tarkaanfii farra qondaaltotaafi nama tokko gidduutti addaan basuuf qondaalli akka filannoo humnaa birootti fudhachuuf danda'uuf.

   b. Qondaaltonni CEW haala adoochaa itti dhiibuu keessatti akka tooftaa dhukkubbii eeguutti fayyadamuu hin qaban.

c. CEWn itti yaadamee haala adoochaa itti dhiibuutti  mataa, morma, garaa ykn jilba nama qoratamu irratti hojiirra ooluu hin qabu, yoo humna ajjeechaa fayyadamuun mirkanaa'e malee.

d. Yeroo CEW haala adoochaa itti dhiibuu keessatti fayyadaman, qondaaltonni bu'a qabeessummaa isaa madaaluuf hojiirra oolmaasaa gidduutti yeroo madaalawaa eeguu qabu.

5. Haala sakattaa

a. Qondaaltonni CEW haala sakatta'iinsaa ulfaatina giddugaleessaa gadii irratti xiyyeeffachuu qabu.

b. CEWn haala sakattaa keessa jiran humna ajjeechaa fayyadamuun yoo mirkanaa'e malee, itti yaadanii mataa, qoonqoo, garaa ykn jilba nama qoratamu irratti xiyyeeffachuu hin qabu.

6. Itti nyaachifachuu

CEWn hojjetaa MPD dhaabbataa tokko irratti gama dadhabaa (deggersa barbaadu) irratti nyaachifamuu qaba, akka tasaa qawween isaanii akka hin barraaqne(harkaa hin baane) ykn hin dhukaafamneef.

7. Fayyadama humnaa addaan baafame

Tokkoon tokkoon hojirra oolmaa (haala sakattaa ykn adoochaa itti dhiibuu keessatti) ykn marsaa istaandaardii (sekondii shan) CEW tokkoo fayyadama humnaa adda ta'eefi qondaaltonni addatti akka kaayyoodhaan sababa qabeessa ta'etti mirkaneessuu qabanidha.

## H. Yeroo Qaxarrii Hojii Alaa Fayyadamaa

1. Qondaaltonni yeroo daangaa hojii ala Magaalattii keessatti hojjetanitti CEW MPD isaanii kennamee fayyadaman imaammataafi hojimaata MPD itti fayyadama humnaa gabaasuufi meeshaa isaanii buufachuu hordofuu qabu.

2. Qondaaltonni MPD CEW isaaniif kenname yeroo daangaa hojiin ala ta'e magaalattiin alatti (fkn. Ejensii Seera Kabachiisuu biraaf hojjechuu) ejensiin sun mirga itti fayyadamuu (Barreeffama Waliigaltee Hojii ala itti Fayyadamuu) kan karaa mirkaneessaa Qajeelcha Poolisii Minneapolis yeroo dhaabbata sanaaf hojjetan itti fayyadamuuf dandeessisu mallatteessuu qabu.

## I. Baduu ykn manca'uu

CEWn bade, miidhame ykn hojii ala ta'e, haalli kasaaraa, miidhama ykn hojii ala erga ta'ee argamee booda battalumatti Qindeessaa CEWtti gabaafamuu qaba.

**J. Buufachuufi Gabaasuu**

1. Qajeelfama CEW buufachuu

   a. CEWn, yeroo haala sakattaa, haala adoochaa tuqsiisuu/itti maxxansuu ykn haala adoochaa itti dhiibuu keessatti fayyadamu, dabareen qondaala tokkoo osoo hin xumuramin dura buufamuu qaba.

   b. Taatee galmaa'e kamiyyuu kan qondaalli gatii ragaa qabaachuu danda'a jedhee amanuuf CEWn ni buufama.

   c. Yoo CEWn yeroo taatee murteessaa ta'etti hojiirra oolu, CEWn ragaa suursagaleefi odeeffannoo dhukaasaa dhaabbata qorataatiin inventariin ni taasifama.

2. Qajeelfama gabaasa CEW:

   a. CEWn tokko dhimma tokko irratti haala adoochaa tuqsiisuu/itti maxxansuu ykn adoochaa itti dhiibuu irratti yeroo gadi lakkifamu ykn hojiirra oolu, qondaalli akkaataa ulaagaalee Gabaasa Humnaa P&P 5-302 keessatti ibsameen itti fayyadama isaa gabaasuu qaba. Qondaaltonni yaaliiwwan hammaatan hir'isuuf Barreeffama Seenessaa isaanii keessatti galmeessuu qabu.

   b. CEW tokko agarsiistuu, tuqaa diimaa yookiin aarkingiin yeroo balaadhaaf saaxilamu, itti fayyadamni balaa irra gahe akkaataa P&P 5-302 tiin gabaafamuu qaba.

   c. Yeroo CEWn yeroo daangaa hojii ala Magaalaa ala (fkn. dhaabbata seera kabachiisu kan biraa) yeroo itti fayyadamu qondaaltonni MECC irraa CCN Minneapolis argachuufi Gabaasa Poolisii mata duree AOA jedhu guutuu akkasumas gabaasa taatee hojjechiisaa alaa Seenessa Afee keessatti ilaaluu qabu. Sana booda qondaaltonni meeshaa kana buufachuudhaan odeeffannoo sana CCN Minneapolis jalatti ni kuusu.

**K. Wal'aansaafi Gargaarsa Yaalaa**

Humna erga fayyadamee booda, wal'aansa yaalaa sadarkaa isaa eeggate dabalatee (akkaataa P&P 5-301tti), wal'aansi saaxilamummaa boodaa nama humna elektirikii CEWf saaxilameef taasifamu kanneen armaan gadii of keessatti qabata:

1. Meeshaa qorannoof glfaman baasuu

   a. Meeshaan qorannoof galfaman CEW kan baafaman hojjettoota yaalaa ogeessota dhimmichaa ta'aniin yoo naannoo qaama miiraa (naannoo fuulaa, mormaa, jilbaa ykn harmaa) keessatti kaa'ame qofa.

   b. Qondaaltonni meeshaa qorannoof galfame CEW buqqisuu kan danda'an yoo haal-duree armaan gadii hundi guutaman qofa, yoo kana hin taane meeshaan qorannoof galfaman hojjettoota yaalaa ogeessota ta'aniin baafamuu qabu:

- Qondaalli kun nama sana sakatta'ee meeshaan qorannoof galfaman sun keessa turuun isaa bu'aa waaraa qabaachuusaa kan agarsiisu akka hin jirre yoo murteessee jiraate.
- Qondaalli kun guwaantii ittisaa harkasaarraa yoo qabaate akkasumas baandaajiifi haxooftuu alkoolii dabalatee meeshaalee yaalaa gahaa yoo qabaate.
- Meeshaan qorannoof galfaman sun qondaala biraa biratti kan keessaa baafamu yoo ta'e.
- Qondaalli kun yoo xiqqaate leenjii waggaa waggaadhaan dhiibbaa fayyaa fayyadama meeshaa taser, tooftaa meeshaan qorannoof galfaman baayyee utuu hin dhukkubin baafamaniifi to'annoo infekshinii irratti leenjii fudhateera yoo ta'e.

c. Yoo meeshaan qorannoof galfame baasuun, qondaaltonni meeshaan qorannoof galfame (biohazard "sharps") gara kaartuujjii itti galfame sanaatti gadi akeekuudhaan haguuggii fayya-qabeessa ta'een cufuu dandaa'an.

2. Bakka hojiirra itti oole(kaawwame) sakatta'uu

   a. Yeroo barbaachisaa ta'etti, naannoo meeshaan qorannoof galfame ykn bakki adoochaan itti maxxanfame mallattoon madaa'uu jiraachuu isaa ijaan sakatta'i.

   b. . Yeroo barbaachisaa ta'etti, naannoo meeshaan qorannoof galfame ykn bakki adoochaan itti maxxanfame suuraa kaasi.

3. Hordoffii itti fufuu

   Hojjettoonni dhaabbatoon hanga hojjettoota yaalaa ykn seera kabachiisan birootti dabarsanii kennanitti haala fayyaa nama CEW irraa humna elektirikiif saaxilamee yeroo hunda hordofuu qabu.

DRAFT